**DAHOO JIREENYAA FI**

**KILAASTARII NFI ITIYOOPHIYAA**

# MALA KILAASTARII DAHOO JIREENYAA : GODINA GEEDE'OO FI GUJII LIXAA

**Maxxansa 4: Sadaasa 16/2011**

Sanadi armaan gadii galmawwaniifi tooftaalee dhaabbilee gargaarsaa Geede'oo fi Gujii keessatti tajaajila dhiyeesssii dahoo jireenyaa fi NF kennanii ibsa. Kunis qajeelfama dhaabbilee namoomaa fi seera dhaabbilee gargaarsaa addunyaa irratti kan hundaa'e dha.

Qajeelfami kun baay'inaan, boqonnaa 13, Malootaa fi Qajeelfamoota Dhiyeessii fi Deggersa nyaataa F.D.R.Itoophiyaatti Ministeera Qonnaa, Sektera Ittisa Balaa fi Wabii Nyaataa irraa fudhatama. Addatti immoo qajeelfamoota dhaabbilee namoomaa kan of keessaa qabu yoo ta'u, fedhii irratti hundaa'ee kan kennamuu fi namoota saaxilamoo ta'anii fi dhimmoota ariifachiisoo ta'aniif dursa kenna.

> *"Sagantaan deggersaa bu'aa qabeessi jireenya namootaa fi dinagdeedhaan jabeessuu qofarratti xiyyeeffate osoo hin taane, guddina dinagdee waliigalaa biyyattii mirkaneessuu fi namoonni akka dinagdee isaanii fooyyeffatan gochuudhaan jireenya egeree uummata biyyattii keessatti hirkattummaa hir'isuu dha".* – Obbo Mitikkuu Kaasaa Itti Aanaa Ministeera Sektera Ittisa Balaa fi Wabii Nyaataa.

**Galmi Kilaastarii Dahoo Jiyeenyaa kanaa, mootummaan Itiyoophiyaa kanneen armaan gadii gochuu akka danda'u gargaaruuf dha.**

a. IDP'wwanii fi deebitootaaf akkaataa qajeeltoowwan **HIN MIIDHIIN,** eegumsa nageenyaa fi deebitootaaf gargaarsa baraara lubbuu akka taasisu

b. Karaa kenniinsa gargaarsa qubsumaan wal simatuun, yaada/fedhii qaamolee quuqamtootaa kabajuun, miidhaa sababa buqqaafamuun (Qeenxee fi itti fufiinsa qabu) qaqqabu hir'isuu

c. Akkasumas, Abbootiin warraa gara qe'ee isaaniitti deebi'uun kabajamaa, nageenyi isaa eegamaa, itti fufiinsa kan qabuu fi fedha irratti kan hundaa'e ta'uu madaalliin Manneenii, Lafaa fi Qabeenyaa (Mirgaa) yoo mul'ise; ma4na isaanii haala jiraattotni sodaa balaa hamaarra hin buuneen suphuu fi deebisanii ijaaruu akka danda'u gargaaruuf dha.

## Galmeessa, Xiyyeeffannoo fi Mirkannoo

"Lakkoofsa abbaa warraa galmaa'uu qabu galmeessuu dhabuun fudhatamummaa kan hin qabne yommuu ta'u, sirreeffamuus qaba. Xiyyeeffannoo sana waliin dhahuu (jeequu) dabalataan, odeeffannoo eenyu maal fudhate jedhu ilaalchisee tarreessa galmee sana akka ragaa sirriitti hiika itti kennuu ulfaataa ni taasisa.

Rakkooleen baay'ina abbaa warraa galmaa'uu qabu galmeessuu dhabuu fi gufuuwwan tartiiba waliin wal qabatan gabaafamanii jiru. Qajeelfamni armaan gadii galmeessi loogummaa irraa bilisa ta'e dhaabbileen gargaarsa namoomaa tarkaanfii mootummaan gargaarsa namoomaaf fudhatu deeggaruuf dhimma isa murteessaa dha.

Sadarkaa anaafi gandaatti, shariiki dhaabbata namoomaa waliin hojjetu Qajeelfamoota Sagantaa Dhiyeessii fi Deggersa Nyaataa F.D.R.Itoophiyaatti Ministeera Qonnaa, Sektera Ittisa Balaafi Wabii Nyaataa jildii 2011 (f55) keessatti haammatamuu qaba.

Kanneen balaa hamaarra jiraniif dursi kennamuu fi xiyyeeffannoon fedhii irratti hundaa'a (Kunis sababa qorannoo saaxila baatummaa al loogummaa fi ifa ta'e raaattawatamee fi fedhii gartuuwwan adda addaa irratti hundaa'eeti).

Hojiin fayyadamtoota adda baasuu kan eegalu walga'ii Bulchiinsa Aanaa, Dhaabbata Ittisa Balaa Tasaa (DRMO), Waajjiraalee Aanaa biroo rogummaa qaban, bakka bu'oota ganda xiyyeffataman irraa dhufan (akkaataa Kilaastara waliin irratti waliigalameen), Qindeessitoota Kilaastaraa rogummaa qaban (takka takka Deeggarsa Hoggansa Saayitii (SMS) fi Eegumsa Nageenyaa akkasumas Dahoo jireenyaa), michuuwwan (Dhaabbilee miti mootummaa ykn Mootummoota Gamtoomanii), hawaasa hubamee jiruu fi dhaabbilee kanneen biroo aanicha keessa hojjechaa jiran dabalate wayita adeemsifamu dha.

Sadarkaa xiyyeeffannoo isa dhumaa (Abbaa warrootaa fi namoota dhuunfaa gargaarsa fudhachuuf jiran) hawaasatu adda baafata[4]. Walga'iin kunis maqaa fayyadamtoota gargaarsa fudhatanii tarreessuun dura, akkasumas meeshaalee gara Aanaa ykn Gandaatti geejjibuun dura adeemsifamuu qaba. Walga'iin seensaa hundeeffama koree galmee keessatti qabxiilee ijoo sadii tuquu qaba.

1. **Kaayyoo raabsaa balballoomsuu:** Abbootiin gahee hundi gartuun xiyyeeffannoo kam akka ta'ee fi maaliif (Ibsi saaxil baatummaa baldhaa fi qajeeltoon xiyyeeffannoo rakkina ol'aanaa dahoo jireenyaa armaan gaditti argattu). Barbaachisaa ta'ee yoo argamu, qajeelfamoota hojmaataa barataman HCT, Dambii ittiin bulmaataa qaama gargaarsa kennaa fi Qajeeltoowwan Gargaarsa Namoomaa

irraa ibsaa. Rakkoon wayita jiraatu, Qindeessaan kilaastaraa (fi OCHA) deeggarsa taasisuuf hayyamamoo dha.

2. **Bakkeewwan aanicha keessatti irratti xiyyeeffataman adda baasanii irratti waliigaluu.** Kanneen giddugaloota walitti qabannaa, gandoota baay'ina quuqamtoota ol'aanaa of keessaa qabu, olloota, mandaroota, ykn hawaasa hubaatiin irra gahe ta'uu danda'u. Kilaastariin Dahoo jireenyaa fi Meeshaaleen nyaata hin ta'iin (NFI) sadarkaa godinaatti jiru ibsa tarree fedhii ariifachiisaa qabachuuf OCHA waliin wayita hojjetu, jalqaba qaamoleen fedhii ariifachiisaa qaban kanneen mari'achiifamuu qabu. Bakka bu'ootni gandaa, Dhaabbata Ittisa Balaa Tasaa (DRMO) fi kanneen biroon Aanicha keessa hojjetan waa'ee haalichaa yaada dabaluu ni danda'u. Walga'ii kana irratti, bakka bu'ootni gandaa, naannolee xiyyeeffannoo karoorfaman kanneenitti baay'ina fayyadamtoota gargaaarsa argatan kanneenii eeruu (ibsuu) kan danda'an yommuu ta'u; namootni biyya keessatti buqqaafaman lakkoofsa sana keessatti akka dabalan gaafatamuu qabu. Walga'iin kun duraa duuba isaa eeggachuu kan qabu yommuu ta'u, galmeessa addaa fayyadamtootaaf iddoo filuunis dirqama ta'a.

3. Dhuma irrattis, galmee sirrii fayyadamtootaaf jecha, walga'ichi miseensota koree waliin waliigaluu qaba; akkasumas tokkoon tokkoo bakkeewwan kanneeniitti karoora/sagantaa galmee sanaa irratti waliigaluu qaba.

Koreen galmeessa fayyadamtrootaaf yoo hundeeffame, hojii galmeessa sanaaf qaamoleen rogummaa qaban, ejensii deeggarsa taasisu waliin akka gartuutti hojjechuuf dirqamni isarra jira. Kunis wayita mirkannoo fi adeemsa mirkannootti rakkoolee kan hir'isu yommuu ta'u; achiiyis nagaheewwan raabsa sirrii ta'ee kennuuf fayyada.

Ejensiiwwan kunneen hojii galmeessaa irratti akka hin hirmaanne mootummaan yoo hin hayyamiiniif, Ejensiin deebii kennu sun Qindeessaa Kilaastarii Dahoo jireenyaa, OCHA fi waajjiraalee isaanii biyyattii Finfinneetti argamuuf gorsa kennuu qaba.

## ***Namoota fedhii dhuunfaa addaa qaban (PSN'wwan) fi***

## *Yaaddessummaa Dahoo Sadarkaan Kaa'uu*

[3]ibid. (F 16)

[4]Qajeelfama Biyyoolessaa Deeggarsa Gargaarsa Nyaataa Irratti Xiyyeeffate, F.D.R.Itoophiyaatti Ministeera Qonnaa, Sektera Ittisa Balaafi Wabii Nyaataa, jildii. 2011 (F 18)

Baay'inni namoota iddoo jireenyaa fi meeshaalee nyaata hin taane barbaadanii tajaajila jiruun oli. Ejensiiwwan barnaachisummaa namoota buqqa'an irratti xiyyeeffatanii hojmaata isaanii wal simachiisuuf waliigalanii jiru. Haalota hedduutiin, hawaasa hin buqqa'iin gidduutti fedhiin gargaarsaa ol'aanaan wayita jiraatanitti, ejensiiwwan ulaagaa wal fakkaatu irratti hundaa'uun gargaarsa akka taasisan aangeffamanii jiru. Gargaarsi kunis, %10 gargaarsa waliigalaa ganda sana keessatti taasifamu kan hin caalle ta'a. Abbootiin warraa, namoota ulaagaalee armaan gaditti ibsaman dabalatee, rakkoo yeroo ammaa kana jiruun akka baay'ee hubamanitti lakkaawamu. Kanaaf, gargaarsa kanaan dursi kennamuufii qaba. Adeemsa filannoo ykn adda baafannaa kanas fedhii gargaarsaa namootni kunneen qabaniin ala, haalotni (Kanneen akka walitti dhufeenya maatii, hiriyyooma, jibba ykn loogummaan tilmaama keessa galchuun) dhorkaa dha. Gargaarsi kun nama hundaaf wal qixa hiramuu hin qabu. Garuu, haqa bu'uureffatee, akkaataa sadarkaa fedha namootaa irratti hundaa'ee taaasifamuu qaba.

1. Daa'imman maatii irraa adda bahanii jiran/rakkatoo
2. Dubartoota rakkoof saaxilamoo
3. Manguddoota rakkoof saaxilamoo
4. Dubartii ulfa
5. Warra tokko (Abbaa ykn Haadha)
6. Qaama miidhamaa ykn qaroo dhabeessa/haala fayyummaa ulfaataa keessa kan jiru/jirtu

### Rakkoolee Hir'isuu

Meeshaaleen kunneen kan kennamuu qaban miseensa maatii keessaa kan umuriin dargaggeessaa fi gahumsa qabuuf ta'u. Kunis, akkuma gulantaalee kanneen biroo hunda, dursa balballoomsaa fi mirkannoo mul'atu ni barbaachisa.

PSN'wwan of danda'anii istookii walitti qabuu hin dandeenye kan jiran yommuu ta'u, kunis gargaarsa loojistikii ni gaafata. Sababa kanaan, ejensiiwwan wayita daandiin fagaatu, meeshaaleen/mi'ootni kanneen ulfaatoo ta'anii fi balaawwan kunuunsaa ol'aanaa wayita ta'an dirqama gargaarsa kanneen kennuu ni qabaata.

Sadarkaalee hundattuu, nageenyi dursa kennamuufii qaba. Kunis qaamolee dhimmi ilaallatu hunda waliin, waa'ee dalagaalee fi itti gaafatamawwan, karooraa akkasumas cimina qaamolee meeshaalee fi nageenya amansiisaa kennan waliin ifatti mari'achuu fi waliigaluu gaafata.

**Rakkooleen armaan gadii sababoota rarra'anii hafuu hojiiwwanii yommuu ta'an hojiiwwan deebi'anii eegalamuun dura irra deebiin ilaalamuu qabu**

Kanneen armaan gadii qajeelfama Garee Namoomaa Biyyoolessaa irraa qophaa'an wayita ta'an ejensiiwwan dahoo jireenyaa hundaan irratti waliigalamanii jiru.

a. **Xiyyeeffachuu (fi Mirkaneessuu):** Raabsi kamuu taasifamuun dura, kutaaleen hawaasaa irratti xiyyeeffachuuf deeman, kanneen adda baafaman ta'uu fi fedhii gargaaarsaa hatattamaa isa ol'aanaa kanneen qaban akka ta'an michuuwwan mirkaneeffachuu qabu. Taateewwan akkanaa sababa dhimma hin taanetti, raabsawwan karooraan (ykn gaaffiin) taasifaman akka dhaabbatan (addaan citan) taasifamuun, dabalataa fi irra deebiin akka ilaalamuu fi furmaatni itti kennamu battaluma gara Qindeessitoota Giddugala Sochii Hojii Tasaa, Qindeessaa Kilaastaraa fi OCHA'tti ni ergama.

[5]Qajeelfama Biyyoolessaa Deeggarsa Gargaarsa Nyaataa Irratti Xiyyeeffate, F.D.R.Itoophiyaatti Ministeera Qonnaa, Sektera Ittisa Balaafi Wabii Nyaataa, jildii. 2011 (F 62)

b. **Madaallii Balaa:** Raabsi/gidduu seensi kamuu taasifamuun dura – hojiin sun balaawwan eeegumsa nageenyaa akka uumuu fi itti hammeessuu fi namoota dhuunfaaf, abbaa warrootaa fi hawaasaaf faayidaa buusuu fi dhiisuu isaatiif, akkasumas rakkooleen kunis waldaalee, dhaabbilee namoomaa fi Mootummaan, fi/ykn dalagaalee sagantaa wal madaalaa ta'een hangam akka ittifaman (hir'ifaman) ilaaluuf miiltoowwan gargaarsaa xiinxallii balaa ni adeemsisu. Balaawwanii fi faayidaalee tooftaalee bira gahiinsaa adda addaa fkn Maallaqa dheedhii, nagaheewwan ykn bifaan taasifaman wal bira qabanii madaaluu. Gargaarsa addatti abbaa warraatiif (HH-Specific Assistance) kanneen akka deebisanii ijaaruu/deebisanii suphuu wayita ilaallu wanti kun dhimma murteessaa dha.

c. **Uummata hubamee sanaaf itti gaafatamaa ta'uu**: Kunis hawaasa miidhamaa wixinee hojii gargaarsaa murtaa'e kan dabalatu ta'ee, hawaasni xiyyeffannoon kennameef sun balaa eegumsa nageenyaa ofii isaanii akka adda baafatan ni affeeramu. Galmi sagantichaa namoota fayyadamtoota hin taane dabalatee, miseensota hawaasaa hundaaf ibsaa.

d. Gaaffilee ulfaatoo mootummaa irraa ka'an (ykn qajeeltoowwan bu'uuraa gargaarsa namoomaa gaaffii keessa galchan) haguugamuu ykn itti dabalamuu hin qaban.

e. Miiltoowwan awtoobisii/konkolaattota barattoota bultiif gaaddisa jireenyaa/meeshaalee nyaataa kanneen hin ta'iin hin dhiyeessan (Kunis deeggarsa onnachiiftuu kennamu hambisuuf dha)